# Addunyaa tana keessatti gabrichi gabricha biraa hin sattaru, Rabbiin guyyaa qiyaamaa isa sattaru malee

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Addunyaa tana keessatti gabrichi gabricha biraa hin sattaru, Rabbiin guyyaa qiyaamaa isa sattaru malee».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- muslimni kamiyyuu dhimma dhimmoota irraa ta'e wahii keessatti obboleessa kan muslimaa sattaree jennaan, Rabbiin ol ta'e guyyaa qiyaamaa isa sattaru malee akka hin hafne ibsan; galatni gosa hojiitiin waan ta'eef jecha, Rabbiin dhoksuufin, qaanyii fi badiin isaa akka namootatti hin mul'anne taasisuuni, irratti isa herreguu dhiisuu fi isatti kaasuu dhabuunis ta'u danda'a.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3777

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee